# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

# Samaariyaa Gaarii



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: M. Maillot, Lazarus
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen, Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus
ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.


"Barsiisa! Jireenya barbaraa argachuu maal gochuun qaba?" Namichi akkas jedhee gaafatu nama seeraati, Yasuusii qoruu yaale.
"Waan seeroti Waaqayyoo jedhan raawwadhu," jechuun Yasuus deebiseef.

“Waaqayyoo fi olla kee jaaladhu,” jedhe namichi. “Garuu ollaan koo eenyu?” jechuun gaafate.



Gaaffii namichaa deebisuuf, Seenaa namicha Yarusaalemii gara Yerikoo daandii irra deemaa turee itti hime.
Namichi hattootaan hubame.



Hattichi waan argame hundumaa hate, kafana warra karaa deemanii illee utuu isa hin hafin hate. Haala ulfaataan madeessan, walkkaan qaamasaa du'aa daandii cinatti dhiisan.



Akka carraa lubin tokko karaa sana utuu darbuu itti dhufe. Isa gargaaruu hin dandeenye. Hin gargaarre! Yeroo ilaalu



namichi dhiigaa
jira, roga daandii gama biraan bira darbe.



Mallatoon miilla isaa irraa mul’atu du’aaf jirrenay gidduu akka jiru labsa. Innis, nama mana qulqullummaa keessatti nama luba gargaaru gosa Leewwii ture. Nama madaa’ee jiru kana dhaqee ilaale, erga ilaale booda gargaarsa tokko illee utuu hin godhiniif dhiisee deeme.

Dhuma irratati naming Samaariyaa itti dhufe. Sabin Israa'el warra Samaariyaa hin jaallatan. Namootiin seenaa Yasus dubbatu dhaggeeffachaa



turan
namtichi Samaariyaan
gaarummaan goota akka taatu hin eegine.

Namicha Saamiyaa kun
namichaa keessummaa
kufee daandii irra jiru
sanaaf o'ee madaa
isaatti qoricha godheef.
Isa booda harree isaa
irra kaa'eenii gargaare.



Namitichi Samaariyaa halkan guutuu karaa biratti namicha gargaare.



Ganama hamma inni fooyya'utti kaffaltii tajaajilaa isaa kaffaleef.



Seenichi asumatti goolabame.
“Eeenyutu namicha miidhameef
ollaadha?” jechuun Yasus gaafate.





“Ollaan namicha isa araara agarsiise namiticha Samaariyaadha,” jechuun naming seeraa deebise.

"Dhaqaatii akkuma namichaatti raawwadhaa," jedhe Yasus. Ollaan keenya nama hundumaa nubira jiruudha. Jaalala keenya namoota hamma dhumaatti gargaaruudha. Waaqayyos kana baraada.



Samaariyaa Gaarii

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Luqaas 10

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

# Xumurameera

46

60

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16